


DISCOVER
ITS BEAUTY

Kutaa 5ffaa

# Allaah
(Rabbbii Dhugaa Tokkicha)

# MAQAA ISAA GAGGAARII

DR. NAAJII IBRAAHIIM

بسم الله الرحمن الرحيم

# Maqaa Rabbii Akkaan

## Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Taheetiin Jalqaba

# MAQAA ISAA GAGGAARII

Qur'aanni ulfina qabeessa ta'e fi Nabi Muhammad (rahmata fi nageenyi Rabbii isaanirra haajiraatu) waa'ee maqaa Rabbii, Rabbii tokkicha dhugaa ta'e nu barsiisu. Fakkeenyaaf Qur'aanni akkana jedha:

- ***"Rabbiif maqaalee gaggaariitu jiru, Ishee dhaan Isa kadhaa"*** (7:180)

Yeroo Rabbiin kadhannu maqaa Isaa miidhagaadhaan ykn maqaa barbaachisaa gaaffii ykn fedhii keenyaan walqabateen akka isa kadhannu jajjabeeffamna. Fakkeenyaaf, gaaffiin keenya rizqii jireenya keessattii kan ilaallatu yoo ta’e, Al-Razzaaq, Kennaa isa jedhuun kadhachuu dandeenya. Maqaaleen kunniin Rabbi tokkoo ol ta’uu isaa hin agarsiisan; maqaawwan amaloota adda addaa Rabbii, Rabbii dhugaa tokkicha ta’e ibsani dha.

Nuti ilmaan namaa guddummaa Rabbii gonkumaa hubachuu hin dandeenyu, garuu hamma waa’ee isaa fi waan Isa gammachiisu beeknuun caalaatti isa jaallachuu fi gabbaruu dandeenya. Waa’ee Rabbii barachuun - maqaa fi amaloota Isaa qo’achuu fi hubachuu dhaan - jireenya kanaa fi isa itti aanu keessatti tasgabbii sammuu nuuf argamsiisa sababni isaas wanti hundinuu harka isaa keessa akka jiruu fi akka fedha isaatti akka ta’u waan beeknuufi.

Ilmi namaa maqaa Rabbii qofaaf malu fayyadamuun sirrii miti. Muslimoonni yeroo baay'ee maqaa Abdul (hiikni "gabricha") tiin jalqabanii maqaa Rabbii keessaa tokko itti aansanii fayyadamu. Akkasitti, Abdullaah jechuun "garbicha Rabbii" "Abdul-Rahman" jechuun "gabricha Al-Rahman" (Rahmaan) jechuudha fi kkf.



## AR-RAḤIIM

الرحيم

Akkaan rahmata(dhiifama) godhaa. Nuti rahmatummaa isaatti gonkumaa dhihaachuu kan hin dandeenye ta’us, dinqisiifachuu fi namoota biroof gara laafina qabaachuun hamma dandeenye carraaquu qabna.

Waa’ee maqaa Rabbii, Rabbii keenya isa dhugaa caalaatti beekuun, Isaa fi amaloota Isaatti dhugaan amanuun, yeroo namoota biro wajjin hojjennu ykn walitti dhufeenya goonu hundatti, Rabbiin: gara laafessa, Arjaa, rahmata kan namaaf godhu, dhiifama godhaa, Abbaa-Murtii, Kan hunduma beeku, Kan hunda argu, Kan hundaaf dhiifama godhu, Kan gaarummaa qabu, Dhugaa fi kkf ta’uu sammutti akka qabannu nu qajeelcha.

Amaloota babbareedoo kana jireenya keenya keessatti, hamma qaqqabummaa fi dandeettiin namaa hayyamutti hojiitti hiikuun barbaachisaadha.



**Amma, waa’ee maqaa Rabbii bal’inaan haa barannu**



## AS-SALAAM

السلام

Madda Nagaa fi Mudaa kan hin qabne, Kan mudaa kamirraayyuu bilisa ta’e. Yeroo hundumaa mudaa kan hin qabne dha; Amala namaa kan akka dhukkubsachuu, beela’uu, dheebochuu, qorraa hin qabu.

**Maqaawwan Rabbii babbareedoo muraasa Afaan Arabaa fi hiika isaanii Afaan-Oromootiin:**

***Allaah:*** Maqaa sirrii Rabbii dhugaa tokkichaa ti.

***Ar-Raḫmaan:*** Kan gara laafessa, arjaa, fi kan tola oolaa ta'e, kan uumamtoota hundaaf rahmata godhu.

***Ar-Raḫiim:*** Akkaan rahmata(dhiifama) godhaa.
Nuti rahmatummaa isaatti gonkumaa dhihaachuu kan hin dandeenye ta'us, dinqisiifachuu fi namoota biroof gara laafina qabaachuun hamma dandeenye carraaquu qabna.

***Al-Malik:*** Gooftaa Ol'aanaa, Samii fi Dachii hunda irratti aangoo kan qabu.

***An-Nuur:*** Ifaa, Kan nu ibsu fi nu qajeelchu. Boqonnaa Al-Noor jedhamu keessatti Qur'aanni akkas nuun jedha ***"Rabbiin Ifa samii fi dachiiti."*** (Qur'aana 24:35)

***Al-Qudduus:*** Qulqulluu, Eebbifamaa.

***As-Salaam:*** Madda Nagaa fi Mudaa kan hin qabne, Kan mudaa kamirraayyuu bilisa ta'e. Yeroo hundumaa mudaa kan hin qabne dha; Amala namaa kan akka dhukkubsachuu, beela'uu, dheebochuu, qorraa hin qabu.



## *AR-RAZZAAQ*




Dhiyeessaa, Kan lubbu qabeeyyii hundaaf rizqii, nageenya, fi qajeelfama kennu. Tokkoon tokkoon keenya rizqii nuuf barreeffame ni arganna, garuu isaaf hojjechuu qabna - karaa hayyamameen, haa ta'u malee, hanna ykn malaammaltummaa hamma of keessa hin qabaannetti jechuudha.

***Al-Basiir:*** Kan hundumaa argu, kan waan uumama guutuu keessatti gaggeeffamu hunda argu.

***As-Samii'i:*** Kan hunda dhaga'u, Kan waan hunda dhaga'u. Yeroo isa waamnu ykn kadhannu nu dhaga'a.

***Al-'Aziim:*** Guddaa, Uumama isaa keessatti waan hundumaa ykn nama kamiyyuu caalu.

***Al-Ghafuur:*** Nama hundaaf araarama kan godhu, kan yeroo hunda warra towbatanii gara isaatti deebi'aniif araarama godhu.

***At-Tawwaab:*** Tawbaa kan qeebalu. Rabbiin cubbamoonni gara isaatti deebi'uudhaan tawbaa yoo godhan ni jaallata, tawbaa keenya qulqulluus itti fufiinsaan ni simata, ni fudhata. Faallaa kanaatiin ilmi namaa, warri nutti dhihoo ta'anillee, dhuma irratti dogoggora keenya fudhachuu fi sana booda miira kan duraatiin wal fakkaatuun nu simachuu hin danda'an.

***Al-'Alii:*** Irra Ol'aanaa, irra aanaa, Uumama Isaa hunda caalaa ol'aanaa kan ta'e.

***Al-Waduud:*** Irra Jaallataa, Kan warra qajeeloo fi ajajamoo ta'an jaallatu, jaalala sanas jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti nutti agarsiisa. Jaalala isaatiif galata qabaachuu argisiisuu qabna, waan ofii keenyaaf hawwinu namoota biroofille hawwuu qabna.

# AL-WADUUD




Irra Jaallataa, Kan warra qajeeloo fi ajajamoo ta'an jaallatu, jaalala sanas jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti nutti agarsiisa. Jaalala isaatiif galata qabaachuu argisiisuu qabna, waan ofii keenyaaf hawwinu namoota biroofille hawwuu qabna.

***Al-Ḥakam:*** Abbaa Murtii, Murtiin isaa guutummaatti haqa qabeessaa fi jalaa miliquu kan hin danda'amne dha.

***Al-'Aliim:*** Hundumaa kan beeku, Kan waan mul'ataa fi waan dhokate hunda beeku; kan darbe, kan ammaa fi gara fuulduraalle dabalatee ***"Baala (mukaa) irraa tokkollee inni beeku malee hin buutu."*** (Qur'aana 6:59)

***Ar-Ra'uuf:*** Gara laafessa, kan namaaf yaadu, gara laafinni isaa, fi araarummaan isaa daangaa kan hin qabne.

***Ar-Razzaaq:*** Dhiyeessaa, Kan lubbu qabeeyyii hundaaf rizqii, nageenya, fi qajeelfama kennu. Tokkoon tokkoon keenya rizqii nuuf barreeffame ni arganna, garuu isaaf hojjechuu qabna - karaa hayyamameen, haa ta'u malee, hanna ykn malaammaltummaa hamma of keessa hin qabaannetti jechuudha.

***Al-Ḥaqq:*** Dhugaa, Rabbii dhugaa tokkicha, Dubbiin isaa kan dhugaa ta'e. Inni faallaa sobaa ta'uu isaa beekuudhaan, dhugaan sun nuuf ta'us nuu ta'uu baatus, waan dubbannuu fi hojjennu hunda keessatti dhugaa jiru argachuu fi kabachiisuuf carraaqu qabna.

***Al-Ḥaliim:*** Obsaa, Kan tasgabbaa'e, kan gonkumaa kan hin ariifanne, cubbamoota, jallattoota, fi warra Isa ganu ykn itti kafarettillee dabalatee. Rabbiin dogongora keenya irra nuuf darba, nutis namoota itti dhihaannu hunda irrattis akkasuma gochuuf carraaqu qabna sababiin isaas dhugaa jiru keessatti warri haaloo qabatan of qofa waan miidhaniif.



# AL-MUJIIB




Kan Deebisu, Kan kadhannaa keenya deebisu. Rabbiin karaa kadhannaa gargaarsa Isaa akka kadhannu ni jaallata, kadhannaa keenyas deebisuu ni jaallata.

# Amaloota Allaah (Rabbii)

Amaloonni Rabbii dhugaa tokkichaa (Allaah) warra kaan Rabbi ofiin jedhan irraa adda godhan keessaa muraasni:

- Allaahn dhugaa tokkichi (Rabbiin) amaloota Isaatin adda. Namni akka Isa hin jiru, amalli namaas ta'e bineensaas isaaf madaaluu hin danda'u.
- Rabbiin dhugaan kun Uumaadha; Inni hin uumamnes, hin dhalannes.
- Allaahn dhugaa tokkichi (Rabbiin) akka Isa qofa gabbarruuf nu uume. Rabbiin qofa yommuu gabbarru, gabbara waaqa tolfamaa, qulqulloota, namoota beekamoo, qarshii ykn waan biraa irraa bilisa baana.
- Allaahn dhugaan (Rabbiin) TOKKICHA malee sadii fi isaa ol miti! Hiriyaa fi gita hin qabu.
- Allaah (Rabbiin) jireenya kana keessatti ilma namaatiinis ta'e uumamtoota birootiin argamuu hin danda'u.
- Allaah (Rabbiin) bifa foonii uumama isaa kamiinuu hin mul'atu.
- Allaah (Rabbiin) barabaraadha; hin du'u, hin jijjiiramus.
- Allaah (Rabbiin) waan tokko ykn nama akka haadhaa, hadha manaa, ilma hin barbaadu; akkasumas nyaata, dhugaatii ykn gargaarsa gosa kamiyyuu hin barbaadu. Kan Isa barbaadu warra kaani dha.

Ulaagaalee fi amaloota kanneen (akkasumas kanneen biroo kan Rabbiif qofa ta'an) fayyadamuun namni tokko ykn wanti tokko Allaah (Rabbiin) ta'uuf dhiisuu isaa madaalu ni dandeenya.

# Fedhii waan haaraa beekuu qabdaa?

Waa'ee Islaamaa odeeffannoo dabalataa fi bal'aa ta'e argachuuf fedhii yoo qabaattan marsariitii keenya daawwadhaa:

**www.discoveritsbeauty.com**

## Walfaannee Bareedina isaa Qorachuu:

1. **Fiixee qarsaa cabbii qofaa**
2. **Amantii Aadam fi Hawwaa**
3. **Bu’uura Islaamaa**
4. **Gaaffii murteessaa dhala namaa deebisuu**
5. **Maqaa isaa gaggaarii**
6. **Ergaa dhumaa**
7. **Ergamaa xumuraa**

## MARSARIITII ISLAAMAA BU'AA QABEESSO TA'AN:

http://www.allahsquran.com
http://www.quranexplorer.com
http://www.islamhouse.com
http://www.edialogue.org
http://www.islamreligion.com
http://www.newmuslimguide.com
http://www.guidetoislam.com

# Ragaa Iimaanaa (karra Islaamummaa)

“Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaan baha, Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’es ragaa nan ba’a.”

Afaan Arabaatiin akkas jedha:

أشهد أن لا إله إلا الله وأشهد أن محمدا رسول الله

kan akkanatti dhaga’amu:

**ASH-HADU AN-LAA ILAAHA ILLALLAAH,**
**WA ASH-HADU ANNA MUHAMMADAN**
**RASUULU-LLAAH.**

Kun ragaa iimaanaa namni tokko Islaamummaa fudhachuuf sagalee dhageessisuu qabuudha; dhugaa, bareedinaa fi salphaa ta’uu Islaamaa gabaabsee ibsa.






GLOBAL ACADEMY FOR TRANSLATION AND EDUCATION (GATE)
LONDON | THE UNITED KINGDOM
Kan hiikame AL ANDALUS GROUP LTD
www.alandalusgroup.org

كتاب أسماء الله الحسنى بلغة الاورومو